

مؤسسة دار الفكر

Dar Al-Fiker Foudation

فننفة - إئوبفا



Contemplation
An Islamic Psychospiritual Study

Malik Badri

XIINXALLI QORANNOO
XIIN-HAFUURA ISLAAMAATI

Qopheessaan:

Maalik Badri

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

Finfinnee - Itiyoophiyaa 2021

CONTEMPLATION

an Islamic Psychospiritual Study

Malik Badri

Xiinxalli Qorannoo Xiin- Hafuura Islaamaati

Qopheessaan:

Maalik badri

Hiikaan:

Faawundeeshiinii Daar Al Fikri

*Mirgi maxxansaa Faawundeeshiinii Daar-Al
Fikiriitiif Seeraan Eeggamaadha
Finfinnee – Itiyooophiyaa 2021 G. C*

DF-E-TrBs-21/92

Kitaabota Gaggabaaboo Dhaabbata Xiinxalla Islaamaa Idil-Addunyaa

Kitaabonni Dhaabbata Xiinxalla Islaamaa Idil-Addunyaa walitti fufiinsaa fi gabaabinaan dhihaatan kunniin maxxansaalee dhaabbatichaa kan furtuu ta'an irraa walitti qindeeffamanii kan qopheeffaman yoo ta'an, dubbiftootaaf yaada ijoo fi qabiyyee muummee irraa hubannaa gahaa akka argatan yaadameeti. Kitaabonni kunniin, gabaabinaan qophaa'uun, dubbisuuf salphaa ta'uun, barruuwwan gurguddoo maxxanfaman irraa of eeggannoon kan gulaalamani fi dubbiftoota kakaasuufi gara kitaaba guutuu ykn jalqabaa akka deeman godhuuf fayyadu. Ammas qorannoo dabalataaf gara kitaaba jalqabaa dubbisutti akka nama kakaasu abdii qaba.

Xiinxalla: Qo'annoon Xiin-hafuura Islaamaa Maalik Badrii xiinxalla qixa kallattii Islaamawaa, ammayyaa fi hafuuraa fi muummee xiin-sammuu ta'e hordofa. Qorannoon xii-sammuu warra dhihaa kan waggoota kurnaniif dagaagaa dhufe dhimmoonni dhala namaa qoratamuu qabu jedha. Keessattuu dhiibbaan muuxannooleen ijoollummaa umrii isaanii gara boodaa irratti qabaachuu malu sirritti hubatamuu qaba jedha. Haa ta'u malee, beekkumsi xiin-sammuu namaa ammas gara caalu bu'aa seenaa fi aadaa kan mul'ata amanti-maleessa dhala namaa kan sammuu akka maashinaatti ilaaluu filatu, kan 'hubatamuu' danda'uu fi inumayyuu kan kompiyuutara gulaala dandeetti waa yaaduu nam-tolchee akkeessuudha. Sammuun kun 'ida'ama qaamota isaa' hedduu caala, waan dhoksaatis miti, garuu onnee fi lubbuudhaan hidhata qaba, kan dandeettiin

guddaan isaatii fi gochaawwan isaas qaama namaa keessatti qo’annoo bal’aa barbaadaniidha.

Hubannaan murtaawaan akka maashinaa kan sammuu kun akka daangaa nagayaatti ilaallama, hubannaa isa hin lakkaawamne kan warra maloota saayinsaawoo muummee xiin-sammuutiin baratan sana ammoo sodaataa dhufe. Barmaatilee xiin-sammuu warra Dhihaa keessatti, bu’aan eeggamu yeroo hedduu ol’aanaa ta’ee hibboo uumama dhala namaa hiika. Hubannaa sammuu cimsuuf jecha hayyoota beekkumsaa danuun yaaliiwan jajjaaboon hedduun godhamanii turan, garuu gaaffiiwwan hedduun osoo hin deebi’in hafan. Akka addunyaatti gaaga’amni xiin-sammuu olka’aa deemuun fakkeenyaaf dhiphatuu, uf jibbuu, sodaa fi lubbuu ufii balleessuun muraasa maqaan tuqaman yoo ta’an, haala kanaan fuuldurri daran hamaa kan ta’uu malu, wanti kanarraa ifa ta’u ammas uumama dhala namaa hubachuun qo’annoon hatattamaa akka barbaachisuudha. Haala gaaga’ama xiin-sammuu kana keessatti, tumsaa fi yaaliin daran bu’a-qabeessa ta’an, qaama miidhame kana kunuunsuuf, ni barbaachisu. Xiin-sammuu warra Dhihaa durii keessatti, hubannaan akka maashinaa kan sammuu sun kallattii ‘hafuuraa ykn amantii’ kan uumama ilma namaa sana irraanfatee ture; garuu hayyoonni xiin-sammuu warra Dhihaa muraasni waan Muslimoonnii fi warroonni amantii dhimma ‘hafuuraa’ fi gahee inni jireenya namaa kessatti qabu hubachuu eegalaniiru. Kuni ammoo waan naannoo kanatti qo’annoo haarawa gochuun namoota hedduutti abdiin horachuu danda’a-warroota gaaga’ama xiin-sammuutiin hubamaa jiran qofa osoo hin

taane, garuu waanuma nama jedhamu kanaa, yeroo daran gaarii turee fi hamaa ykn dukkana tures hubachuuf gargaara. Badriin, kufaatii Seenaa kan dhuudhaalee warra Bahaa keessa tures dabalatee, maloota xiinxallaa hedduu ifa godhe. Xiinxaluudhaan, keessattuu Rabbiin ibsuu keessatti, xiin-sammuu keessa gadi bu'uun madaa gaaga'ama xiin-sammuu kan ilma namaa miidhu sana, kan akka 'dhibee lubbuutti yaadamu fayyisuu irra gahuu dandeenya. Badriin maloota xiinxallaa hedduu ifa godhe, kufaatii seenaa kan duudhaalee warra Bahaa keessa tures dabalatee. Inumaayyuu duuba deebii falaasamoota dhimmoota xiin-sammuu godhamus dabalata. Haa ta'u malee, duudhaa Islaamaa keessatti *xiinxalluun* itti yaaduu (*tafakkur*) ta'e. Kuni ammoo karaa beekkumsa ufinii kan mul'ata keessoo Rabbi fayyadamuun uf baraaruuf godhamuuf gaaffii uumutti geessa, kaayyoo qo'annoo fi murannaa keenyaa yoo ilaalle, nama faallaa kanaa callisiisuu fi hubannaa yaadaa kan bakka keessa jirruu, fi hawaa bal'aa kanaa fayyisuu irra.

Maxxansa Maalik Badrii irraa gabaabbatee kan dhihaate

Xiinxala Gadi Fagoo: Qo'annoo Xiin-Hafuura Islaamaa

ISBN hbk: 978-1-56564-273-2

ISBN pbk: 978-1-56564-267-8

2000

Boqonnaa Tokko

Xiinxalla Gadi Fagoo: Ilaalcha Xiin-Sammuu Ammayyaa *Xiinxalla Gadi Fagoo Islaamaa fi Xiin-Sammuu Amanti- Maleessa*

Xiinxalli gadi fagoo Islaamaa (tafakkur) irra kabajamoo akaakuu kadhannaa (ibaadaa) keessaa isa tokko. Kanaafuu qixa xiin-sammuu warra Dhihaa, kan gara caalu amanti-maleessaa fi bal'inaan muummee aadaan daangeffamaa ta'e ilaaluun, jalqabarratti waan addaa fakkaachuu mala. Garuu, ilaalchonni duudhaaleen warra Dhihaa sirna barnootaa hedduu keessatti addunyaa Muslimaa haguuganiif, qo'annoo xiin-sammuus dabalatee, xiinxalla keenya qixa kanarraa eegaluun barbaachisaadha.

Kanaafuu, xiinxalla gadi fagoo yoo ilaalle, xiin-sammun warra Dhihaa yeroo ammaa adeemsaalee xiinxalluu kanaaf fedhii qabaachuu mul'isa, dandeettii isaan hubannaa haarawa fiduuf qabanis dabalatee. Xiinxalli Islaamaa bu'aawwan hedduu sababa kanaan dhufanitti geessuu danda'a, akkuma fuulduratti arguuf teenyutti, garuu tooftaalee xiinxallaa akaakuu biroo irraa garaagarummaa qaba, isaanuma amantiwwan warra Bahaa irraa argaman kan kaayyoowwan isaa muummee beekkumsa sammuu ta'erraa adda jechuudha. Xiinxalla Islaamaa keessatti, jijjiiramni sadarkaa hubannaa ykn dammaqina sammuu kophatti xumuraa miti, galmi isaa beekkumsa Rabbii gadi fageenyaan qabaachuu, Inni Uumaa fi Jiraachisaa uumama kanaan ta'uu hubachuu jechuudha.

Muummeen xiin-sammuu hubannaa, akkuma jirutti ta'ee, xiyyeeffannaa sirna barnoota xiin-sammuu duraanii kan bara

xiin-amalli hin dhufiniiti. Yeroo sana, xiin-sammuun gara caalu dammaqina, fedhiwwan, qabiyyee yaada isaanii fi caasaa sammuu isaanii qo'achuu ture, gaaffii barachuu qixa kana akka deebi'u qofa gochuudhaani. Qorattooni sirna amala namaa guutumatti tooftaa haarawa fidan, barachuun miiraa fi deebiiwwan mul'ataniin qo'atamuu qaba jechuuni; kunis bu'uura xiin-sammuu ta'e. Wanti namatti dhagahamu, kan qaama sammuu ta'ee fi adeemsa waa yaaaduu gaaffiiwwan kallattiin hin mul'anneedha. Kanaan walqabatee, tooftaalee isaan qo'achuuf dhimma itti Bahaman (kanneen akka ilaalcha keessoo, xiinxalaa fi muuxannoolee kessoo gabaasuu) fa'a akka hedduu bal'aa fi dhugaa hin ta'iniitti, akka tooftaalee yaaliitiin toowatamuu hin dandeenyeetti mormamaa turan.

Haaluma kanaan, warroonni amala namaa qoratan isaan akka xiin-sammuun qabatamaan saayinsii yaalii ta'u fedhan, kan akka fiiziksii fi keemistirii godhanii hojii isaanii taatema laaboraatorii keessatti uumamu qofa godhutti gabaabsan. Deebiiwwan safaramoo ta'anii fi toowataman sunniin xiyyeeffannaa yaalii fi dhimmoota saayinsii ta'aniiru. Yaaliin saayinsiiwwan fiiziksii fi baayoolojii suni, kan hafuuraa fi gochaawwan hubannaa keessoo haala nama hin shakkisiifneen jaaraman kan *J.B Watson* sun, abbaa qo'anoo amala dhala namaa argamsiiseedha.

Kallattii dhiphaa kanaan dhiibamuunii fi gumaachaawwan Ivaan Paavlooviin onnachuun, amala baratameen barachuun, hayyoonni amala qo'atan sammuu namaa cufa ibsuu fi hojii xiin-sammuu kan mul'ata miira duub-deebii hariirummaa

ibsuudha. Akeekni bu'uuraa kan namoota namoomaa baasuu kun xiin-sammuu gara taatummaa saayinsiitti makuudha. Kaayoon guddaan biroo ammoo hawaasa warra Dhihaa amanti-maleessa gochuu fi harka amantii irraa bilisa baasuudha. Ilaalchonni jajjaboonii fi adeemsa barnoota xiin-sammuu, kan akka xiinxala xiin-sammuu fi ilaalcha baayoolojii warroota amala namaa qoratan waliin waldhabdee guddaa qabaataa turus, ammas qabu ta'us, yoo amantiin alummaa fi yaada dammaqiinsa sammuu gadiin deemuu ta'e, irratti waltahu.

Dhibeen naarvii durii, kan ciminaan ilaalcha baayoolojii bu'uuraa (organic) irratti hundaa'e, ammas guddina dammaqiinsa yaaduu ni hir'isa, walabummaa filachuu, fi hamilee dhaabbii hin geeddaramne kan waalta'wiinsa dhala namaatis ni hir'isa. Murteessummaan baayoolojii, yoo ol guddifame, wanti hunduu, kallattiinis ta'ee al kallattiin, namoonni uumamaan fedhii ufii keessootiin, sirna naarvii isaanitiin, baayookeemistiriin dhalootaatiin hoogganamu. Yoo xiinxala Islaamaa qo'achuun kallattii ilaalcha xiin-sammuutiin, yaadaa fi fedhiwwan ummataa dammaqina keessoo irratti xiyyeeffatuun dirqama kan ilaallu ta'e yoos ilaalchonni xiin-sammuu warra Dhihaa gurguddoon (warroota amala namaa qo'atan, xiinxaloota sammuu fi dhibee niwuroonii) xinnoma ykn bu'aa wahiituu hin qaban.

Ilaalcha Islaamaa fi Warraaqsa Beekkumsaa

Xiin-sammun akka haaromuu fi keessoo beekumsa isaa irra deebiin argatu hojiiwwan warraaqsa barbaachisa. Warraaqsi kun warraaqasa beekumsa ammayyaati. Hayyoonni walakkaa

jaarraa 20^{ffaa} irraa eegalee xiinxallaa fi adeemsa beekumsaa irratti fedhii guddaa mul'isaa jiru. Garuu xiin-sammuun irra-keessummaa miira duub-deebii warra amala namaa fi yaad-diddoota saayinsaawoo hin taane kanneen uumama xiin-xiinxallaa faalan hubachuuf waggoota kurnoota itti fudhate. Ilaalchi xiin-sammuu haarofni kun baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas bu'aa xiilxallaa karaa lamaan: saayinsii fi amantiin waan ibsuufi.

Wanti beekuun namatti tolu tokko xiin-sammuu fi saayinsiiwwan hawaasummaa biroos ilaalchota dhiphummaa amantiin-alaa tumsuu kan itti fufu ta'us, fakkaattii namoomaa isaanii akkaataa adeemsa dagaagina teknoolojiitiin jijjiiraniiru. Kanaafuu, hayyoonni yaada namootaa, beekkumsa keessoo, adeemsa dammaqinaa fi yaadannoo kompiiyuutaraa waliin waldorgomsisutti jiru. Hayyoonni akka jedhanitti ergaa ta'e tokko naannoo irraa fudhachuun, eegasii gara barruutti (code) jijjiiruun, qoqqoodanii yaadannoo isaanii keessatti kuufatu, achi booda yeroo fedhan baasanii rakkoolee haarawa isaan mudatan ittiin furatuudha. Fakkiin (model) ilma namaa kompiyuutaraatti fakkeessuu kun fakkii isa warra amala namaa qoratuun sanarra daran dhugummaa kan qabuudha, sammuu fi dammaqina ykn qayyabannaa teknoolojii ammayyaarratti kuusuu waan yaaluuf jecha, garuu hafuura qabatamaa Islaamaa dhugaa kan mul'ata ilma namaa guutumatti irraanfate.

Haata'u malee, warraaqsi dhugaa xiin-sammuu kan dhufu yoo lubbuu ufii deebisee horatee fi mataa ufii fakkeenyummaa saayinsii fi sirna yaalaa dhiphaa sana irraa bilisoomsee fakkii dhala namaa ol kaaseedha. Garuu, warraaqsummaan xiin-

sammuu beekkumsaayyuu, kan muummee barnootaa tooftaa dhiphaa irraa walaboomsuu yaalu sanuu, hanga ammaatuu walbira qabiinsa xiin-sammuu, baayoolojii fi qabiyyeewwan hawaas-aadaa amala namoomaa fi adeemsa qalbii keessatti uf daangessee jira. Ammas qabiyyee hafuuraa irraanfateera, ragaalee saayinsaawoon ammayyaa baay'ataa kan jiran ta'us jechuudha. Caasuma amantii hafuuraatiin alattuu, beekkumsi dagaagus, qo'annoon hojmaata keessoo qalbii kun yeroo hedduu muummee daran walxaxaa ta'ee qaamni waan ta'e tokko sassaabuu fi duub-deebiin isaa, bu'aa fi sababni isaanii haala tooftaa yaalii ykn madaala cimaa ta'een hidhata uumuu ni faalleessu.

Xiinxalaa fi hibboo (tapha) qaamaa/sammuu

Qo'annoon keessoo xiin-sammuu fi qalbii ilma namaa gaaffii hundarra cimaa ta'e tokkotti kallattiin nu geessa: hidhatni jidduu qaamaa fi sammuu (qalbii) maali? kan jedhu. Hojiiwwan sammuu namaa hedduu beekuu dhabnus, qorattoonni qabatama qofaa (materialists) akka jedhanitti ilmi namaa qalbii hin qabuudha, yoo addunyaan kun qalbii meeshaa tan lafee mataa keessa jirtu tana jenne malee jedhu. Ammas wanti isaan jedhan 'yaada sammuu' wanti jennu homaayyuu miti yoo ibsaa fi hiikkaa jijjiirama daqiiqaa muraasaa kan keemistiriin sammuu fi naarviidhan dhiibbaa elektirookeemikaalaan dhufu ta'e malee jedhu. Sunis wanti ittiin raggaassifamu yaadni namootaa fi amaloonni isaanii hunduu, yoo sammuu (qalbiin) hubamu jijjiirama jedhu.

Gareen mormituun ammoo sammuu qalbii toowatutu jira, kan guutumatti amalaa fi yaada namichaas toowatu jedhu. Garee

kana keessaa hoogganaan qo'anaa niwuroonii John Eccles, kan sirna naarvii irratti qorannoo bareedaa godhuun Badhaasa Noobeelii injifate. Hayyuun kunii fi saayintistoonni yaada kana deeggaran wanti raggaassisan, qorannoo isaanii hojmaata sammuu namaa fi sirna naarvii irrattii kan guututti addeeffamu yoo sammuum, lubbuun waa hubatu ykn akka *Eccles* jedhutti 'sammuu uf beeku/qalbii' jiraate qofaadha.

Eccles fi hayyoonni biroos yeroo hedduu fakkii buufata tamsaasaa fi televiziyoonaa akka fakkeenyaatti fayyadamuun hariiroo jidduu qalbii fi sammuu addeessu. Akka Eccles tti kan meeshaa hin ta'in, qalbiin uf-beekaan, walitti fufiinsaan sammuu qulqulleessa, qorata, toowatas. Akka *Eccles* gadi jabeessee dubbatutti, eega sammuum du'ee booda wanti ta'u, gaafii muummee hayyootaa fi namoota lafichootti biratti uumamuudha. Waa'ee sammuu gaafatamee jennaan, Nabiyyiin Muhammad (SAW) keeyyatni armaan gadii itti buufamte: "*Waa'ee hafuuraa (lubbuu). Lubbuun ajaja Rabbii kiyyaa irraay jedhiin. (Isin) beekkumsaa irraa xinnoo malee hin kennamne*" (17:8).

Rakkoon walxaxaan biraa kan qorannoo baayoolojii ammayyaa irraa, hariiroo jidduu qaamaa fi sammuu irratti ka'e ammoo, gahee onneen namaa qalbii irratti dhiibbaa godhuu fi amala niwuroonii tolchuu keessatti qabduudha. Akka Joseph Pearce kitaaba isaa yaad-rimee barsiisu-Xumura Jijjiiramaa (Evolution's End) keessatti jedhutti: "Gochoonni onnee keessaa gochaalee qaamaa fi sammuu dursan...wanti nuti beeknu onneen hormoonota, tamsaastotaa fi anniisaalee xixinnoo walqunnamtii fayyadamuun hojmaata sammuu kan

toowatuu fi hoogganus ta'uudha. Akka Pearce tti, yemmuu xiinxalla hafuuraa (amantii) gadi fagoo keessa seenu, onnee nafsee waliigalaa irraa ka'uun, onnee qabatamaa keenyarratti dhiibbaa gochuun, sammuu keenyaan walqunnamsiisuun, hojmaata beekkumsarratti hundaa'urratti dhiibbaa goona jechuudha.

***Hojmaata Beekkumsaa irraa gara Amaloota Baratamoo fi
Sirrii hin Taaneetti***

Hayyoonni xiin-sammuu beekkumsaa fi saayinsistoonni kompiiyuutaraa lamaanuu odeeffannoo madaaluuf, adda qoqqooduu fi yaadannoo kessatti kuusuu fi yeroo fedhan deebisanii fayyadamuuf jecha dhimmoota qo'annoo dandeettii ilma namaa irratti xiyyeeffatu. Qo'annooleen muraasni amaloota warra amala namaa qo'atuu, kanneen sababa qabiyyee isaa hin beekne bira darban hedduu ibsan. Kanaanis yaad-diddootaa fi ibsoota ilaalcha xiin-sammuu taatee fi duub-deebii dhiibbaa godhan hedduu qopheessan. Kallattiin tokko hubannaa gaarii kan gochaan itti yaadamee nama dhuunfaan raawwatamu kamuu hubannaa ykn beekkumsa keessootiin durfama kan jedhuudha. Ammas qo'annooleen isaanii wanti raggaassis qalbiin kamuu hojii beekkumsa keessoo kana hin dhaabu, yeroo kamuu halkanii fi guyyaas ta'u, namni sun beekus beekuu baatus.

Argannoo kanas dabalatee, gochaan kamuu dursa beekkumsa keessootiin jalqaba-mallattoo, yaadannoo, fakkii, ilaalcha ykn wanta namatti dhagahamu ta'us-wanti ifatti mul'atu yoo beekkumsi keessoo kun jabinna argate, kaka'umsa ykn

onnachiisaa gochaa ta'a; yoo namni sun gochaa kaka'umsaa kana irra deebiin kan raawwatu ta'e, eegasii yaadonnii keessoo kunniin haaluma salphaanii fi tasuma amaloota barataman ta'anii lafa qabatu. Amalli baratamaa kun dirqama muuxannoo ta'uu hin qabu, kaka'umsa hamilee ykn dammaqiinsa, hafuura namatti dhagahamu, ykn ijannoo ta'uu danda'a.

Xiin-sammuun beekkumsa keessoo, kanaafuu, yaadni namootaa fi haasofni keessoo waanti itti dhagahamuu fi hamilee alaarratti dhiibbaa godha, amantaa fi ijannoo mataa ufiis uuma. Gabaabumatti, inumayyuu sadarkaa fi mul'ata jireenya isaaniis kallattii qabsiisuu danda'a. Xiinxalla fayyadamuun, Muslimoonni badhaasaa fi adabbii keessoo karooraalee xiin-hafuuraa irratti dagaagina hafuura amantii isaanii guddisuu qabu. Amaloota hin barbaachifne kanneen daran caalaniin bakka buusuuf badhaasa addunyaa ykn qabiinsa elektirikii hin barbaachisu. Beekkumsa keessoo fi fedhii amantii isaanii jabeeffachuun guddina Rabbii fi qulqullina isaa xiinxalluun, faallaa laafinaa fi amala yaraa socho'uun, amala jaalala Rabbii uf keessatti uumuu fi murannaan, gammachuunii fi gaarummaan akka isaanitti dhagahamu gochuu danda'u.

Boqonnaa Lama

Xiinxalla: Hojiiwwan Hayyoota Muslimaa Durii

Yoo al takka yaadni keessoo, wanti namatti dhagahamu, ilaalchonna, tilmaamnii fi yaadonna hunduu amala nama tokkoo kan uuman ta'uun beekame-ta'iiwwan isaa/ishii, amantaaleen, gochaawwan fedhii fi fedhiin alaa, amaloonni gaarii fi yaraa ta'an sirnaan hubataman- Qur'aanaa fi sunnaan maaliif akka uumama dachii fi samii xiinxaluu fi itti yaaduurratti dhimmaman ni hubatama; onnee fi sammuu guddina Uumaatii (Rabbii) fi qulqullina amaloota Isaatiin waan guutamaniif jecha. Xiin-sammuu warra Dhihaa gara 'hubannaa waloo' kan dhiibbaan yaadaa fi beekkumsa keessoo amantaalee namaa, ijannoolee fi amaloota qaamaan alaa ni bareechu jedhu hubachuuf waggoota kurnootaa ol itti fudhate; milkaa'inni kun hayyoota Muslimootaa durii biratti kan hin wallaalamne ta'anis.

Kitaaba isaa *Al-Fawaa'id* (Bu'aawwan amanti) jedhu keessatti, ibni al-Qayyim ifatti wanti jedhe wanti namni hojjatu kamuu yaada dura sammuu keessatti uumamuun, dubbii dhokataan ykn haasawa keessootiin eegala, kan afaan Arabaatiin jecha *Khawaaxir* jedhamu. *Khawaaxir* (waan ariitiin qalbii keessa nama yaa'u) jechuun jecha danuun isaa *Khaxiiraa* jedhu yaad-rimee ariifataa keessoo, ibsa dhokataa, mallattoo ykn baal-tokkee (subvocal) kan tasa (fleetingly) dhufu jechuudha. Hayyoonni xiin-sammuu beekumsa keessoo yaada kana isa 'yaad-rimee walirraa hin cinnee (automatic), isa yaalii beekumsa keessoo kan *Aaron Beck* bara 1970moota keessa argadhe jedhe sanaan walbira qabuu ni danda'u.

Kitaaba isaa durii *Yaalii Beekkumsaa fi gaaga'ama fedhii keessoo* jedhu keessatti, mata-duree 'Abuurraa yaad-rimeewwan awutomaatikii' jedhu kan fuula jaha qabu gumaachuun argannoo kana bira akkamitti akka gahe ibseera. Ibni al-Qayyim Muslimni akka jireenya gammaachuu fi dhugaa jiraatu gorsa, waan faallaa qalbii namaa keessa yaa'u ykn wasawwasu kan keessaan namatti dhagahamu osoo isaan fedhitti ykn dhiibbaa keessootti hin jijjiiramin dura dhaabbachuuni jechuudha. Dabalataanis, Ibni Al-Qayyim gochaa fedhii keessoo haala gaariin ibsa, Rabbiin ilma namaatiif dandeettii kan kennee fi dandeettii waa yaaduu fi ibsachuu guutumatti haa dhabamsiisaniifii miti jechuun akeekkachiisa, akkuma hafuura baafachuu kan hin hafne waan ta'aniif jecha. Ammas gochootaa fi hoj-maatileen kan bakka qabaatan, yoo kaka'umsi keessoo hariiroo hafuura ykn amantii Rabbiin waliin jiru irraa maddeedha. Barruuleen hedduun hayyoota Muslimaa duriitiin barreeffaman beekkumsa Qur'aanaa fi hadiisa irraa argamurratti hundaa'a, qajeelfamoonni bu'a-qabeeyyiin isaanirraa waan baafamaniif jecha.

Abuu Hamiid Al-Gazaaliin ilaalchota yaad-didda yaaliiwwan xiinxallaa irratti waan hedduu gumaache, garuu fakkeeniyota amansiisoo hedduu ifoomsuudhaan taateewwan qabatamaatti jijjiire. Kitaaba isaa Barnoota amantii jiraachisuu '*Ihya'a ulum al-Din*' keessatti akki jedhe Muslimni amala gaarii horachuu fedhe dursa yaada isaa kan waa'ee mataa isaa jijjiiruu fi mataa ufii haala barbaachisuun yaaduu qaba jedhe. Akka Al-Gazaaliitti, maddi gocha hundaa beekkumsa keessoo waan

ta'eef, gochi qalbii ykn beekaa hamileen raawwatamu, kan yeroo xiinxallaa dheeraa fudhatu, hojii kadhannaa (ibaadaa) fi ajaja fudhachuu haala salphaan raawwata jedha. Kana hordofuun, warroonni amananii xiinxalla Islaamaa keessa gadi bu'an, waan xiinxallan sana haala muuxannoolee duraan qabaniin ilaalu, akkasumas mallatoolee fi ibsamoota yemmuu Afaan fayyadaman argatanii fi tilmaama waan dura ta'aa turanii fi waan fuulduratti ta'uuf deemanii wajjiinis walbira qabaniin ilaalu.

Xiinxalli Islaamaa sadarkaalee walitti hidhatoo sadi keessa darba, sadarkaa afraffaa fi xumuraa kan ani 'beekkumsa hafuuraa' jedhee waamutti geessa. Sadarkaan duraa yoo beekumsi qaama yaadamu tokkoo kallattiin miira namaatti dhufuuti- argaan, dhageettiin, qaqqabbiin, suunfachuu fi dhamdhamuun- ykn al-kallattiin, akka fakkeenyaaf tilmaamaa fa'a. Xiinxalli sadarkaa lammataa yoo namni tokko ragaalee kanniin itti dhihaatee, dhugummaa irra-keessa isaanii fi qulqullina addaa madaaluudha. Sadarkaan sadaffaan yoo xiinxalaan sun daangaa jidduu waan xiinxalamuu fi Ummaa (Rabbii) isaa ce'ee darbuudha. Eegasii inni ykn ishiin wanti itti dhagahamu Uumaa tokkoof masakamuu fi Isa dinqisiifachuutti qajeelu; Isa waan dinqisiifamu sana argamsiise, akkasumas waan hawaa ykn addunyaa keessa jiru uume, akkasumas sababa xiinxalla kanaatiin kan hubatamu wanti argame hunduu Rabbiin akka ta'ee fi akka Inni argamsiiseedha. Kallattii barachuu fi uumama amalaatiin yoo ilaalle, wanti jedhamu amantoonni yeroo hunda xiinxallan (uumaa Rabbii) sadarkaa afraffaatti gahu, sababnis xiinxalluun yoo walitti fufiinsaan

yaadachiisaan taligame, amala amantii (hafuuraa) hidda gadi fageeffate ta'a.

Ta'us, xiinxallii namootaa wantuma addunyaarratti mul'atanii fi babbareedan ykn sirnaan miidhaaganii hojjataman kanarratti gabaabbatuu hin qabu, miidhagaa fi fokkisaas, guddaa fi yaraas, gaarii fi hamaas xiinxalluu feesisa. Ilaalchi ammas wanta hamaa, sodaachisaa ykn muuxannoolee nama jeeqan ta'uu malu, dinqisiifachuun kaka'umsaa fi hamileen faallaa kanaa ta'anis. Xiinxalli barnoota muuxannoolee waan namatti hin tolle irratti xiyyeeffatuu danda'u, kanaanis xiinxalaan akka irraa baratu ykn irraa uf eeguuf jecha. Inumaayyuu, taatee nama rifachiisu arguun ykn rakkoon nam-tokkee nama mudatuun, nama tokko akka haala daran gaarii ta'een irraa baratuuf gargaara, miidhagina, hammaa fi qulqullinuma ijaarsaa fa'a ilaalanii xiinxalluu fi dinqisiifatuu irra jechuudha.

Boqonnaa Sadi

Xiinxala Islaamaa fi Adeemsa Xiinxala Ammayyaa

Barmaatileen ce'anii xiinxaluu fi adeemsonni walfakkaatan waggoota ammaa kana Awurooppaa fi Ameerikaa keessatti daran beekamaa dhufaniiru- taatee seenaa ummattoota kanaa keessatti darbee hin beekneedha. Kun kan ta'e eega xiinxalli akkanaa kun, kan hidda dhaloota durii fi Hindootaa qabu kun, rakkoolee hamilee, beekkumsa keessoo fi gaaga'ama qaamaatiin dhufan yaaluu irratti bu'aa gaarii argamsiisee booda. Bu'aalee xiinxalaan dhufan hedduu jiru, inummaayyuu, xiinxalla gadi fagoo boca kadhannaa (ibaadaa) Islaamaa qabuun hidhata qabuudha.

Qorannoon yaalaa ammayyaa akka mul'isutti, abboommiin (qorsi ajajamu) Islaamaa, seerootaa fi amalli barbaachisaan fayyuummaa qaamaa fi xiin-sammuu amantootaa eeguurratti gahee hin haalamne qabu. Fakkeenyaaf, qulqullina qaamaa, kan amantoonni salaata shanan dursanii wudu'aaf jecha dhiqatan, dhiqannaan jum'aa fi walqunnamtii saalaa booda godhamuu fi barmaatileen sunnaa biroo hedduun, bu'aawwan qulqullinnaan dhufan ifatti qabatu. Inummaayyuu, barruulee dhibbootaan lakkaawaman kanneen xumura jaarraa digdamaffaa maxxanfaman keessatti, gatii xiinxalla gadi fagoo dhimma amantiitiin walqabatee akka yaalii xiin-sammuu, qaamaa fi xiin-sammuu fi gaaga'ama qaamaatiif ooluu qabu gadi jabeessanii dubbatu.

Hidhata kana keessatti qo'annoo gaariin mul'ataa jru kan *S. Wolfn* gabaafame yoo ta'u, amantaan wal'aanamaadhaa akkamitti faaydaa qorichoomaa irratti dhimma akka qabu

mul'isa. Qorannoon ammayyaa xumurarratti akka addeessutti dhiphinni xiin-sammuu hamaan, kan dhiphachuun, mukaa'uun, kophummaa fi ufitti amantaa dhabuun walqabatu, dandeettii qaamni namaa dhibee irraa uf ittisuu qabu irratti dhiibbaa hamaa uuma. Qorannotu taatee muummee haarawa argame kanatti qajeelcha, ufirraa ittisa xiin-niiyuroo, kan yeroo jalqabaatiif muummeelee lamaan adda ta'an walitti fidu, jechuun muummee saayinsii hawaasaa fi xiin-sammuu, akkasumas keemistirii qo'annoo dhibee ufirraa ittisa namaa jechuudha. Waggoota kumaatama darbaniif ajajoonni xiinxallaa muraasatu beekamaa fi Hindootaa fi Budihistootaan hordofamaa turan.

Qo'annooleen yaalii buufata fayyaa fi laaboraatorii ykn mana yaalii keessatti taasifaman hedduudha, maloota ammayyaa'oo fayyadamuun jijjiirama xiin-sammuu fi qaamaa safaruun, xiinxalli gadi fagoo kan akka xiinxalla ce'umsaa, akka warraaqsa saayinsii yaalaa kanaan wal'aanamaan qalpii, beekkumsa keessoo fi dandeetti hafuuraa fayyadamuun laalaa dhibee isaa dandamachuun qaama jireenya isaa fayyisu ykn dagaagsu ta'uu raggaasisan.

Kallattiiwwan hayyoota yaalaa qaama alaatiin kitaaba, sagaleewwan barnootaa fi viidiyoo waa'ee xiinxala gadi fagoo irratti kennamanii fi dhimma amantiitiin walqabatee obsi jiru, kan Awurooppaa fi Ameerikaa keessatti beekamaa dhufan, kanneen Muslimoota kadhannaa salaataa raawwataniin tokkoodha, yemmuu salaata booda taa'anii guddina Rabbii gadi fageenyaan xiinxallan, oltahiinsa Isaa fi qulqullina uumama Isaa, jechoota Isa ittiin galatoomfataniif guddisan

irra deddeebiin dubbachuun taasisaniin walfakkaata. Xiinxalli gadi fagoo ilaalchisee, Muslimni jabaan tokko yeroo fi humna xiqqaan xiinxalla sadarkaa ol'aanaa gochuu danda'a. Jechootaa Qur'aanaa kabajamoo dhaggeeffatuun, kanneen sagalee miidhagaa qaban, daqiiqaa muraasa keessatti xiinxallaaf deebii bareeda kennuu danda'a. Ameerikaa Kiliinika Filooriidaa tokko keessatti eega yaaliiwwan cicciimoon godhamaniin booda, Dr. Ahmad Alqaadii xumura yeroo Muslimoonni keeyyata Qur'aanaa dubbifamu dhaggeeffatuun, afaan Arabaa kan dubbatan ta'anis, ta'uu baatanis, jijjiirama xiinqaamaa kan dhiphina irraa gara bal'inaa, akkasumas tasgabbii hoo'aa fi dhibee irraa baraaramuu, fi jijjiiramoota biroo kanneen xiinxala ce'umsaa gadi fagootiin dhufan kan dura addeeffaman isaan irratti mul'atu jedhu irra gahe.

Walfakkeenyi xiinxala gadi fagoo, kan kadhannaa (ibaadaa) Islaamaatii fi kanneen warra Bahaa fi Dhihaa gidduu jiru, irra-keessa qofa, sababnis dhakaan bu'uuraa xiinxala Islaamaa tokkichummaa Rabbiitti amanuudha. Xiinxalli Islaamaa kan hundaa'u guddina uumama xiinxalluu irraa gara Uumaa xiinxalluutti godhamu irratti. Innis sochii salphaa fi sababa-qabeessa. Xiinxalli gadi fagoo (tafakkur) hojmaata hafuuraa kan qaamoleen beekkumsa keessoo fi harruraa walwajjiin kaka'anii guddina Rabbii oltahee dhugoomsaniidha. Tattaaffii sababa hin qabne ykn hamilee qofaa kan gaaga'ama fayyisu, ykn sosochii nama dhukkubsu kan qaama miidhuus miti. Warroonni amanan atoomiin hawaa keessa jiru kamuu Rabbii tokkicha ni akka guddisuu fi faarsus tolchanii beeku. Qur'aanni akka jedhu: *“Wanti kamuu kan Rabbii oltahe*

hinfaarsine hin jiru, garuu (isin) faaruu isaanii hin hubattan”
(17:44). Warroonni amanan faaruu fi guddina Rabbii uumama hawaa kanaan walqabsiisuu baatanis, walsimatiinsa gidduu Rabbiitii fi uumamtoota biroo jiru ni hubatu. Hubannaa fi wanta namatti dhagahamu kanatu daran gadi fagaatee akkuma xiinxalli itti fufuun, qulqullina hafuuraa fi miira gammachuu fi jaalala hafuuraa (iimaanaa) kan gammachuu addunyaa kamiinuu walhinsimanneeti geessa.

Boqonnaa Afur

Qur'aanaa fi Uumama Rabbii Gadi fageessanii Xiinxalluu

Uumama Rabbii gadi fageessanii xiinxalluun gosoota kadhannaa (ibaadaa) gurguddoo keessaa isa tokkoodha. Kanaafuu, keeyyatoonni Qur'aanaa maloota adda addaa fayyadamuun gocha kanatti nama kakaasan, amalaa fi haala hafuuraa (iimaanaa) gaarii argamsiisuuf ykn dhugoomsuuf jecha. Akeekni isaa akka namoonni mallattoo guddina Rabbii addunyaarratti hubatanii fi onnee qulqulluun tooftaa hedduu fayyadamuun ragaa bahaniif kakaasuufi.

Garuu, xiinxalli Islaamaa onnee Rabbitti amante, samuu isaa bitamtee fi amaloota Rabbii waa hunda guddiftu qofa irraa burqa. Kuni amantii tokkichummaa (towhid) hin sochooneedha, kunis Rabbiin oltahe tokko ta'uu fi Isa hawaa fi waan isa keessa jiru cufa uume, hoogganuu fi hiree raabsuuf jechuudha. Jalqabni Rabbiirraa amantaa cimaa hin faalamin qabaachutu dursa, imala gara xiinxalla gadi fagoo Islaamaatti osoo hin utaaln dura, guca ifaa warra amanan qajeelchuu fi hidda jabaa jallina irraa isa eegu waan ta'eef jecha.

Qur'aanni karaalee hedduun akka onneen namaa jiiitu ykn laaftu taasisa. Kanneen keessaa tokko guddinaa fi tolina Rabbii maqaa dhahuudhaani. Kanneen irratti xiinxalluun gara-laafinnaa fi jaalala namatti dhagahamu kana maddisiisuu danda'a. Gara rahmataa fi jaalala Rabbii ilma namaa fi uumamtoota dachee kanarra qubatu hundaaf qabu xiinxaluu irratti nama yaadachiisuun, atattamaan onneewwan warra kaka'umsa, qabanitti, galatoomfachuu beekanii fi qarummaa qabanii sochoosa. Keeyyatoonni akkanaa hedduu gaaffii: "Si

isaan hin garree?” ykn “ Si isaan hin arganii?” jedhaniin eegalu. Fakkeenyaaf: “Gaala hin ilaalanii, akkamitti akka uumame? Ammas samiis, akka itti ol fuudhamte? Ammas gaarreen, akka itti gadi jabeeffamanii dhaabbaman? Ammas Dachee, akka itti bal’ifamte (dhifamte)?” (88:17-20)

Faallaa kanaa, keeyyattoonni muraasni jajjabinaa fi galata dammaqina qalbiitiif gumaachu, wanti dachee keessatti barnoota namaa hin kennine hin jiru jechuun, badhaasaa fi oolmaa Rabbii akka yaadatu kan godhu jechuudha. Qur’aanni ammas akka namoonni mallattoolee addunyaa kanarra jiran xiinxallan kakaasa, miira keessoo isaanii dadammaqsuuni; fakkeenyaaf (keeyyata: 35:27-28), kan miira namootaa qulqulluu fi hamilee isaanii kakaasuun miidhagina wantoota dacheerra jiranii hunda ilaalan nama dandeessisu-halluuwwanii fi bocaawwan, biqiltootaa, bineensota, ykn wantoota lubbuu hin qabnes. Takkaa eega oolmaawwan Isaa dhala namaatti mul’isee, qabiyyee fi itti fayyadama isaanii uumuudhaan, Rabbiin gabroota Isaa akka miidhagina isaanii xiinxallan yaadachiisa, akka fakkeenyaaf: ***“Inni Kan waa hunda uume, Kan waan hunda tolchee uume: Inni nama biyyee irraa uumuu eegale” (32:7)***

Garuu, sadarkaa xiinxalaa keessatti wanti hundarra barbaachisaan Rabbiin ofii Isaa uumamtoota muraasaan kakachuu Isaati. Kun uumama kana gadi fageenyaan xiinxaluu fi waa’ee qabiyyee isaa sirnaan yaaduu keessattii yaamicha hundarra guddaadha. Rabbiin oltahe obboroon, ganamaan, halkaniin, baatiin, shookaan, muka ejersaatiin, bubbleen, urjiwwaniin, samiin, barii fi deemsa halkaniittin kakata.

Dabalataan, akka walii galaatti keeyyattoonni Qur’aanaa xiinxalla gadi fagoo dachee fi samiitti nama kakaasan hedduun jiru, kan ilmi namaa uumama hunda caala akka barbaachisaa ta’e ibsan, keeyyattonni biroo kanneen xiinxalla dhala namaatti kakaasanis jiru. Warroonni onnee gogaa fi jallattoota ammoo, Qur’aanni gaaffiiwwan isaan waraantu hedduun isaanitti kaasa: **“Sila ilmi namaa Nuti sanyii dhiiraa irraa isa uumne hin ilaalu? Eegasii! Kaafama waakkachuuf nu fuuldura dhaabbataa!”** (36: 77). Haala uumama namaa kan nama kakaasu kana ilaalchisee, Rabbiin oltahe akka jedhu: **“Dhugumatti ilma namaa dhaabbata hundarraa miidhagaaa ta’een uumne”** (95:4). Rabbiin olhate ammas ni kakata: **“Eegasii, samii fi dachiin kakadha, akkuma wanti isin haasoftan dhugaa sanitti, wanti ani dubbadhus dhugaa ifa galaadha”** (51:23).

Taateen xiin-sammuu daran salphaan kan dhiibbaan isaa laaboraatorii keessatti waraabamuu danda’u- kan akka barachuu, yaadachuu, fedhii hamilee fi kaka’umsaa- ammas xiin-sammuudhaan guutummaatti hin qabatamne. Dabalataanis, taateewwan baayoolojii fi qabatamaa ilma namaa kan hubataman sadarkaa irra-keessoo qofatti. Yaamichi gararraa, kan akka namoonni taatee uumama ajaa’ibaa ufuma irrattuu arguu dhaban gaafatu- **“Ufuma keessan keessatuu, hin agartanii (xiinxaltanii)?”** (51:21) jedhu yeroo hundaa akka haarawaa fi qormaataa ta’ee hafa, akkuma gadaa jalqaba buufamee sanatti.

Boqonnaa Shan
Xiinxalla Gadi Fagoo akka Akaakuu
Kadhannaa hin Daangeffaminiitti

Xiinxalli dachee fi samii waan isaan keessa jiru dabalatee barmaatilee yeroon, bakkaan ykn uumama wantootaatiin hin daangeffamneedha. Kun gosa ibaadaa bilisaa fi hin daangeffamneedha. Ammas adeemsa beekumsa keessoo fi fedhii qalbii ni jiraachisa, hubannaa ilaalchaa ibsa, sammuun mallattoolee Rabbii addunyaa keessa jiran xiinxalluu irraa gara Uumaa fi Kaaliqa isaanii xiinxallutti ol guddata waan ta'eef jecha, Kuni hiikkaa xiinxalla gadi fagoo kan dhugaati.

Qur'aanni yaaliwwan jalqaba uumamaa irraa kaasee xiinxalluu hedduu jajjabeessa: “Dachee irra deemaa; uumuu akkamitti akka jalqabes ilaalaa; eegasii Rabbii kaafama xumuraa kaasa; Rabbiin waa hunda irratti danda'adha” (29:20). Qur'aanni waan ammaa xiinxallutti warra amanan kan jajjabeessu ta'us, xumura warra armaan duraarrattis akka xiinxallan affeera: “Dachee keessa hin socho'anii, ammas waan xumurri warra armaan duraa ta'e akka ilaalaniif jecha? Isaan humnaan isaan (kanniin) irra ciccimmoo turan...” (30:9). Qur'aanni yemmuu warra amanan akka addunyaa tana xiinxallan ajaju, fuuldura (du'a boodaafiis) akka yaadan ykn xiinxallan yaama: “***Akkasuma akka xiinxallitaniif jecha Rabbiin mallattoolee Isaa ifa isinii godhe, addunyaa iraattii fi booddee (aakiraa) ttis.***” (2:219-220).

Qur'aanni bilisummaa yaadaa fi xiinxallaatiif yaadda'a, uumama Rabbii keessattis akka xiinxaltan (isin) yaama, uumama harki ilma namaa qooda homaayyuu keessaa hin

qabne kan akka: samiiwwanii, gaarreenii fi galaanotaa fa'a. Qur'aanni ammas xiyyeeffannaa amantootaa badhaasa ykn oolmaa Rabbiin ooleeffitti akka godhan yaadachiisa. Seerota uumamaa Rabiin baaseen ala argannoon ykn kalaqni kamuu hin argamu ykn hin milkaa'u. Fakkeenyaaf, ***“Rabbiin keessa Isaa doonii haala salphaan akka galaana keessan yabaltu isiniif godhe, argummaa (tola) Isaa akka barbaaddaniif jecha, Inni isiniif daran mararfataadha.”*** (17:66). **Dabalataanis, Rabbiin Qur'aana keessatti akka jedhe Isatu ilma namaa uumee, waan sammuu namaa fi harki namaa uumtes uume: *“Rabbiin isinii fi waan isin hajjattanis uume”*** (37:96). Uumama addunyaa keessatti xiinxalluun taatee hin daangeffamneedha, kan fedhii waan beekuu Muslimootaa kakaasuudha, bu'uurama amantaa isaanii irraayyuu jechuudha.

Boqonnaa Jaha
Waan hin mul'anne Xiinxalluu fi Hanqinoota
(Daangeffama) Isaa

Xiinxalli Islaamaa gosa kadhannaa bilisaa ta'us, waan ilmi namaa yaadu ykn xiinxallu, waan akka adduu, laggeenii fi pilaanetootaaa, ykn waan hin mul'anne, kan akka malaa'ikootaa fi jinniiwwanii keessatti daangessuun jiraachuu dhabus, garuu daangeffamni tokko jira; sunis mootummaa Rabbii keessatti xiinxalluudha. Kuni dhoorkamuu qofa osoo hin taane, hin danda'amus, qabatamaan maal akka ta'e Rabbi qofa uf beeka waan ta'eefi. Rabbiin ol tahe Qur'aana keessatti akkana jedha: ***“(Isa) Uumaan samiiwwanii fi dachee...wanti isatti fakkaatu tokkoyyuu hin jiru, Inni Isatu (waan hundaa) dhagahaa fi argaadha” (42:11).***

Rabbiin yeroo fi bakka kanneen dhala namaa daangessan irraa bilisa. Inumaayyuu, ilmaan namaa birqaba (reference) yeroo fi iddootiin ala arguu fi hubachuu hin danda'an, muuxannoo isaanii armaan duraatiin alattis ilaalanii hin hubatan. Hamma ammaatti namoonni waa'ee sammuu hin beekan, waa'ee sirna naarvii kan ilmaan namaa isaan godhe hedduu hin beekan. Beekkumsi waa'ee sammuuwwan, lubbuuwwan fi qaama xiinxaluus dhokataa fi dhoksaadha, qabeenya kunuunfamaadhas. Hayyoonni akka raggaassisaniitti wanti namni tokko waa'ee Uumaa Guddaa yaadu jiraatus, Rabbiin guutumatti sanarraa adda. Ibni Abbaas akka jedhanitti: “Namoonni muraasni waa'ee Rabbii yaaduu yaalan, garuu Nabiyyichi akka jedheen: “uumama Rabbii irratti xiinxalla godhaa, Rabbirrattii mitii, waan Isa ilaaluu Isaaf kennuu waan

hin dandeenneef jecha”. Amaloonni Rabbii akkuma Qaama Isaati. Dhugummaan Rabbii guddaa Isaan waan beekammuu fi Isa qofaan hubatamuuf, amaloonni Isaas akkasuma beekamuu fi hubatamuu danda’u.

Addunyaan keenya akka gadaamessa bal’aati, kan qaamni gahee akka bakka qubsuma hobbaatii gadaamessa keessaa taphatu. Yeroon du’aa yemmuu dhufu, lubbuun gara akeeka ol’aanaa moonaa keessaatti ol deemti, kuni hedduu bal’aa fi daran walxaxaadha, addunyaa tana tan qaama gonkumaa hin barbaannee fi daran (haaluma walfakkaatuun, akkuma daa’imni dhalate gadaamessa hin barbaanne), qaamnis awwaalamu sana. Kanaafuu, ilmi namaa akkuma rookkeettii sadarkaa tokkoo gara isa ol’aanaa deemuu, kan qaamni isaa tokko xumura sadarkaa hundaa irraa mul’atuu, fi bobo’aan inni fixu akka inni daran ariifatuuf jecha qaama isaa irraa adda isa baasu, kan ulfaatina salphaa fi anniisaa irra guddaadhaan furgaafamuu sana jechuudha. Haaluma walfakkaatuun, gammachuun jannataa fi firiiwwan isaa hundi, burqaalee yaa’anii fi miidhaginni, isaan addunyaa keenya kana keessa jiraniin irra-keessa walfakkeenya qabaatu, garuu, haa ta’uutii, kennaa jannata keessaatiin waldorgomsiisutti hedduu xinnaatu. Hayyootaa fi warroonni kadhannaa adeemsiisan duraa fi ammayyaa hedduun amala du’aa, gufuu fi du’a boodaarratti muuxannoowwan xiinxala isaanii galmeessaniiru. Muslimni tokko isaan kanniinii fi jaalala du’a boodaarrattis xiinxalluu danda’a, dhugaan jiru garii wal madaalchisa namaatii oli, isaan uumamtoota malee Uumaa waan hin ta’iniif jecha. Addunyaa kanarra wanti jiru hundi kan Rabbiin uumee fi uumamtoota

Isaa qofa. Kanumaafan, warroonni amanan Rabbiinirratti xiinxalluu dhoorkamanii, wantoota biroo ammoo xiinxalluun bilisaan ta'eefi.

Boqonnaa Torba

Xiinxalla gadi fagoo Sadarkaalee Nam-Dhuunfaatti

Namoota gosoota xiinxallaa sadarkaalee gara garaatu mudata. Sababoota xiinxallaa fi madaala gadi fagoo miidhan keessaa tokko sadrkaa amanti (iimaana) nama sanii fi dhiheenya namni sun Rabbitti dhihaatuuf qabuudha. Akkuma amantiin, jaalallii fi Rabbiin waliin jiraachuun nama dhunfaa sanaa guddachaa deemuun, xiinxalaa fi madaalli inni uumama irratti qabaatus daran gadi fagaata.

Sababni lammataa namooma warroota amananii fi dandeettii keessoo isaaniitiin hidhata qaba. Qulqullinni kuni gara caalu amala sirna naarvii irratti hundaa'a. Warroonni dubbii jabeessan gochaawwan namaan walitti makamuu fi sosochiiwwan jiranirratti hin hirmaanne godhan filatan, kanneen akka kophaa dubbisuu, ykn mooraa biqiltootaa keessa deemuu, ykn mana kitaabaa keessa fa'a jechuudha. Hojii isaanii aadeffame kan dadhabbii ykn nuffii hin qabnetti gammadu. Yoo ammas warroota amananiin kan xiinxalla gadi fagoo gaggeessan ta'an, namoota biroo daran gadi fageenyaa fi dheerinnaan xiinxalluu irratti bobba'uu danda'u.

Warroonni dubbii laaffisan sirna naarvii caaseffamni isaa mallattoolee naarvii fi caasaalee kaka'umsa uuman kanneen giddu gala sammuu gara ol'aanuu deeman haguuga ykn dadhabsiisa. Kanumaan walqabatee, faallaa akaakuu isa duraa sana, namoonni akkasii muuxannoolee naannoo isaanii ciccimoo fi bareeda ta'an barbaadu. Haa ta'u malee, kun duuchaadhummatti isaan kunniin ijannoo gadi aanaa qaban jechuu miti. Inumaayyuu, sababa sirna naarvii fi xiin-sammuu

isaanii, warroota Islaamummaa keessatti dubbii jabeessan sanneen caaluu danda’u, kunniin warroota namootatti makamuu, hiriyyoota baafachuu ykn namoota fuulduratti dubbachuutti amananiidha.

Sababni sadaffaa kan xiinxala gadi fagoo miidhuu danda’u xiin-sammuudha. Inumaayyuu, xiinxalli nageenya sammuu fi tasgabpii, akkasumas fayyummaa xiin-sammuu fi qaamaa barbaada. Fayyummaan qaamaa shakkii malee xiinxala gadi fagoo jajjabeessuuf bu’uura. Inumaayyuu, wanti ifa jiru tokko, namni dhukkubsate, namni hamma barbaachisuu ol furdate, ykn namniaraada qorichaatiin qabame, sadarkaa xiinxala isaa of guddisuu hin danda’u. Namni amane tokko yoo dhiphinni, mukaa’uun, hamma barbaachisuu ol furdatuun ykn gaaga’amni xiin-sammuu mudate, sadarkaa xiffeyyannaa guddaatiin xiinxalluu hin danda’u. Sababni afraffaa dhiibbaa naannoon tahe tokko nama amane irraan gahuu fi akkaataa fedhiwwanii fi rakkoolee Guyyaa Guyyaa furmaata itti kennan, akkasumas sadarkaa fedhiwwan kunniin dandeettii yaaduu itti daangessan ykn jajjabeessan uf keessatti qabata.

Sababni shanaffaa dhiibbaa aadaati. Aadaaleen ijoollee guddisuu muraasni, kan Islaamaa ta’anis ta’uu dhabanis, kanneen ijoollummarraa eegalee namoota isaanii jaalala fi dinqisiifannaa miidhagina aartii uumamaa fi nam-tolchees barsiisan. Dargaggoonni aadaalee sanneen keessatti guddatan yeroo fi maallaqa isaanii bashannanaa fi wantootuma kanneen akka fakkiiwwanii, boca lafaa xiinxaluu ykn halluu bareedaa bituu fa’a irratti xiyyeeffatan ykn yaadan. Karaa biraatiin ammoo, aadaaleen gariin namoota waanuma muraasa akka

miidhagina dubartii, dinqisiifannaa walaloo fi muuziqaa naannoo isaanii qofa jaalatan harkisantu jiru. Wanti nama gaddisiisu hedduu hawaasa Muslimaa akaakuu lammataa kanaan walsimata. Sababni jahaffaa akkaataa namoonni fagoo wantoota xiinxalaa itti hubatan ykn beekan irratti hundaa’aa. Isaan gara caalu wantootuma naannoo isaaniitti beekaman xiinxalluu filatan, dinqisiifatanis.

Torbaffaan fakkeeniyota namoota naannoo keenya marsanii jiran uf keessatti qabata. Akkuma Nabiyyichi jedhe, “Namni akkuma hiriyyaa isaati; kanaaf hiriyyaa keessan uf eeggannoon filadhaa”. Dabalataanis, dhiibbaan hafuuraa ykn amantii hiriyyooma hayyuu amantii irraa dhufu ilaalcha addunyaawaa hordoftoota (darasoota) isaas haala ol’aanaan geeddaree dandeettii xiinxalaa Islamaa isaas dabaluu danda’aa. Sababni saddeettaffaa kan xiinxala gadi fagoo miidhu amala ykn uumama waan xiinxallamuu sana. Taateewwan uumama tokko tokko atattamumaan miira yaad-rimees kakaasuun wanti namatti dhagahamu cimaa akka ta’u, qaama xiin-sammuu fi hafuuraa bu’uurarraa sochoosuun, akka onneewwanii fi sammuuwwaniitti fe’aan baay’atu taasisu.

Xumurarratti, Beekumsaa fi hubannaan wantoota xiinxalamani xiinxala gadi fagoo kan jajjabeessan ta’anis, faallaa kanaas dhugaa ta’uu nama ajaa’ibsiisuu hin qabu, kunis, want asana sirnaan beekuun akka isa gadi fageenyaan hin xinxalline godha. Naannoo keenya akkuma daran beekaa dhufneen, mul’ataa fi hubannaa ykn kaka’umsa keenya irratti haguuggaan ulfaataan cimaa dhufa. Kanaafuu wantoota barbaachisoo ta’an cufa ilaaluu ykn yaadachuu dadhabna.

Shakkii tokko malee, barbaachisummaa sababa kanniin keessaa kamiituu haalota namoonni xiinxallan keessa jiran irratti hundaa'a. Garuu, yoo onnerraa hojjanee fi haalaan kaka'umsa horanne, yeroo san dhugumatti gufuulee hundaa bira dabarree Rabbii oltahe kadhataa uumama Isaa xiinxalluu dandeenya.

Boqnaa Saddeet

Saayinsii Yaalii fi Amantii: Seerota Uumamaa

Namni tokko sadarkaa guddaa Islaamni uumama Rabbii guddaa xiinxalluu irratti namaaf kenne ilaale, warroota onneewwan, ijji fi sammuuwwan isaanii mallattoolee Rabbii saamsaman ta'uu hubata, mallattoolee kunniin halkanii fi Guyyaa addunyaa irratti isaaniif ifatti kan ifa jiran ta'anis. ***“Mallattoolee meeqa samiiwwanii fi dachee keessatti bira dabru? garuu irraa garagalu malee! (12:105).*** Garuu, beekkumsi kun ilaalchota irra-keesso bira isaan hin dabarsu, ykn uumama xiinxalluu irraa gara Uumaatti isaan hin ceesisu. Qur'aanni akka armaan gadiitti isaan ibsa: ***“Irra-keessa addunyaa kanaa ni beeku, garuu booddee irraa irraanfatoonha” (30:7).***

Wanti onnee warra amananii oofu hedduun iccitii isaan waa'ee seera Guddichaa kan uumama Rabbii hoogganuu irraa barataniidha, abuurraa afaan keemikaalaa mixii xiqqoo ykn abuurraa marsaa pilaaneeti guddaa ta'uu mala. Amalli uumamaa, kan Rabbiin onneewwan nama hundaa keessatti biqilche, sababa saayintistoonni ammayyaa muraasni afaanuma warra kadhannaa (ibaadaa) adeemsisu fakkaatu haasawanii ta'uu mala. Fakkeenyaaf, *Cecil Hamann* mana sinbira *Baltimore*, irratti gaaffii dhiheessa, aartii xumuraa sana eenyutu isa barsiise jedhee. Hariiroo gidduu xiinxalla gadi fagoo fi ilaalchuma irra keessaa ibsuuf jecha, Ibni al-Qayyim seenaa ajaa'ibaa takka nama akka gadi fageenyaan kadhannaa adeemsisuun gabaafamte, tan mixiinwwan fi hojii isaanii irratti xiyyeeffateen walqabsiisa.

Innis yaalii saayinsaawaa adeemsiseen mixiiwwan akka afaan walqunnamtii qabduu fi miseensa odeeffannoo dogongoraa himuun hawaasa mixiiwwanii karaa irraa maqse adabbiin hamaan akka eeggatu bira gahe. Hayyoonni akka isaa, wantootuma mul’atan qofa xiinxaluurratti hin dhaabanne, bira darbanii yaadota hin mul’annees xiinxalluu eegalan, adeemsa xiinxalluu mataa isaa dabalatee. Al-Gazaaliin, fakkeenyaaf, qarummaa Rabbii kan sammuu daa’imman reef dhalattuu keessatti dandeettiiwwan sammuu daangesse xiinxalle. Seera uumamaa barbaaduun warroota amantii fi saayintistoota ammayyaatiinis ni raawwata, akeekaa fi amantiif bitamuun adda ta’anis. Inumaayyuu, seerota fi qajeelfamoonni addunyaa ykn biyya lafaa tana hoogganan saayintistoota yaalii ammayyaatiin ni barbaadamu, taatee uumamaa qulqullina ol’aanaadhaan tilmaamuuf waan isaan gargaaruuf jecha. Haa ta’u malee, yoo qorattoonni Muslimaa hojii isaaniitti dhugumaan amanamoo, bu’aa qorannoo isaaniin fi badhaasni sana hordofee dhufu isaan Muslima hintaane daran hiikkaa qabaata. Inumaayyuu, yemmuu isaan hariiroo walxaxaa qaamaa, baayoolojii fi taatee xiin-hawaasummaa abuuran ykn qo’atanii fi hojii Rabbii fi seerota Isa auf keessatti ilaalan, isaan qabatamaan gosa kadhannaa (ibaadaa) guddaa tokko raawwataa jiru jechuudha. Jechoonni Qur’aanaa (kunniin) isaanirratti hojjatu : **“Warri dhugaan Rabbiin sodaatan, Gabroota Isaa keessaa, warra beekkumsa qaban” (35:28).** Yoo barattoonni sunniin qorannoo isaanii kallattimaan gara tajaajila Rabbiitti deebisan, tattaaffiin ilaalchaa, xiinxalaa fi

yaalii mana yaliitti godhan hunduu haala guddaan badhaasa qabaatu.

Akka carraa ta'uu dhabee, barattoonni Muslimaa ergaa kabajaa kana huban hin fakkaatan, ammas obsaan malee akka milkaa'ina bira hin geenyes hin hubanne. Osoo qorattoonni Muslimaa gochaawwan yaalii fi xiinxala isaanii akka gosa ibaadaatti ilaalanii, kan jaalala Rabbii ittiin argatan, silaa kaka'umsa guddaa argatu. Osoo namni amane tokko waan hawaasa kamuu tajaajilu kalaqee ykn argatee, silaa Rabbiin biratti kennaa dhaabbataa isaaf ta'a; har'aa addunyaatii fi boruu aakiraattis ni badhaafamu-akkuma hojiin isaan fayyadamtoota tajaajilaa deemuun jechuudha. Qorannoon Muslimaan hojjatamu kamuu qajeelcha Nabiyyichaa "Beekkumsa barbaaduun dirqama tokkoo tokkoo Muslimaati." jedhuun walsimatuu qaba.

Hariiroon gaariin gidduu xiinxala dhaabbii isa sirrii (kan akka gosa ibaadaa ol'aanaa) fi guddina beekumsa saayinsaawoo seenaa guddina saayinsii yaalii addunyaa Muslimaa keessatti raggassifama. Inumaayyuu, wanti shakkii hin qabne, argannoowwan saayintistoota Muslimaa muummee barnootaa kam keessattuu, Awurooppaa mala saayinsaawaa qarooma ammayyaatiif bu'uura buuse barsiise. Dagaagina saayinsii yaaliirratti addunyaa Muslimaa keessatti fakkeeniyota hedduu jira, bara uumama Rabbii xiinxalluu fi seera Inni biyya lafaa ittiin horate ilaalluu sun haaromsa saayinsiitiif bu'uura guddaa buuse. Kunis, qarooma, madaalawaa, qabatamaa fi hafuuraan bilchaataa ta'e, karaa walsimataa fi makaa gosa tokkoo ta'een

taligame ture; amala namaa dachaa qabatama dhala namaa fi hafuura ykn lubbuu dhugoomsuu irratti hundaa'ee jechuudha. Islaamaa fi hidda hafuura isaa qarooma irraa fageessuun hedduu milkaa'aa mii, gochi sun adda bahiinsa gidduu qabatamaa fi hafuura, gidduu saayinsii fi amantii hamaa uumee ture waan ta'eefi. Qaroomni akkas madaalame hin turre, kan akka isa qajeelluma Islaamaa jalatti badhaadhee kanatti, kan beekkumsi namaa fi amantii haala dura hin tureen walsimatani Rabbi tokkichaa masakaman jechuudha. Hayyoota Muslimaa durii biratti faallaa makamiinsa gidduu saayinsii fi amantii arguu dandeenya, dhimma kanas adunyaa amantii alaa ammayyaatti dhiheessuu dandeenya, ammas hawaasa saayinsaawoo addunyaatiif akkasuma. Kan nama gaddisiisu, hayyoonni Muslimaa amantiin ala bahan hedduun ammas fakkii warra Dhihaa filatani hordofuttis jiru. Kana ta'us garuu, yeroo Muslimoonni barmaatilee hawaasummaa, namoomaa, muummeelee saayinsii amanti Islaamaatiin, amala gaariin qabatamaan walsimsiisuu saalfatanitti (qaaneffatanitti), addunyaan amantiin alaa ammayyaatuu salphina adda fagaatiinsa saayinsii, amanti fi amanti-maleessummaatiin dhufe hubachuu eegalaniiru.

Saayinsii warra Dhihaa keessatti argannoowwan ammayyaa, kan dura amanti xinneessuu fi bakka bu'uuf dhufe, amma garuu, warraaqsa saayinisii uumuun ijjanoo ganamaatti deebi'uuf sababa ta'aa jiru. Kan nama ajaa'ibu, adeemsi kun hayyuu fiiziksiitiin durfama, 'mootii' saayinsii qabatamaatiini. Carraa dhabuu ta'ee, saayintistoota muraasatu, irra-keessa muummee ittiin gadi fageenyaan baratan hubatanii fiixee

handhuura isaa gahantu, ijjannoo isaanii jallataa durii kan uumamaaf masakamuu sanatti gaafii kaasan. Hedduun saayintistoota warra Dhihaa akka amantii hin qabnetti uf ilaalanis, saayintistiin beekamaa tokko akki jedhe: “Saayinsii xinnotu namoota Rabbirraa adda taasisa, garuu saayinsiin hedduun booddee gara Isaatti isaan qajeelcha”.

Haaromsi sirrii kan gammachuu namaaf fidu kan argamu yoo adeemsi saayinsaawoon madaala gidduu tattaaffii namaa fi qajeelluma Rabbii walsimateedha. Inumaayyuu, kun karaa addaa saayintistoonni deebi’anii jaalala, murannaa fi tokkummaa uumama Rabbii hunda qorataniidha. Qixa kanaan, Qur’aanni ni lallaba: “Inni (Rabbiin oltahe) waan samiiwwanii fi dachee irra jiru isiniif laaffise; kana keessatti warra xiinxalluuf mallattooleetu (raajii) jira” (45:13)

Boqonnaa Sagal Guduunfa

Uumama Rabbii keessatti barbaachisummaa xiinxala gadi fagoo (tafakkur) akka Muslimoota hundarratti dirqama amantii ta'etti adeessee jira, ammas barruuleen Qur'aanaa fi hadiisa Nabiyyii Muhaammad (SAW) akka Muslimoonni Rabbiin gabbaranii fi uumama Isaa xiinxallan kan kakaasan ta'uus mul'isee jira. Barruuleen kunnin tooftaalee adda addaa fayyadamu, kan akka gabroota hojii jaalatamaa kanarratti hirmaatan galatoomfachuu fi warroota amanuu didanii uumama mataa ufiirratti ykn uumama addunyaa keessa jiraatani irrattis xiinxala hin goone ni balaaleffatu. Muslimoonni yoo sadarkaa guddaa warra sirnaan amananii ibaadaaf uf kennanii sana bira gahuu fedhan, adeemsa isaanii kan gara iimaana cimaa ceessisu kan beekkumsa keessoo (shuhud) sana keessatti, xiinxalla gadi fagoon ala fala biraa hin argatan. Inumaayyuu, akkuma xiinxalla isaanii cimsataa dhufaniin, jechuun ilaalcha tasaa irraa gara xiinxala keessoo ykn gadi fagoo, onnee fi sammuu isaanii keessatti sadarkaa jaalatamaa irra gahuun, jalalaa fi guddina Rabbiitiin guutaman, kanaanis wanti biyya lafaa keessa jiru hunduu kan Rabbiif bulu ykn masakamu, fedhii Isaa tajaajilu, tolinaa fi gara-laafini isaa itti dhangala'uu ta'uu qaamaa fi qalbiinis argu. Akkuma hayyoonni Muslimaa fi warra amantii biroo ragaa bahanitti, gabroonni sadarkaa kanarra gahan namoota biroo hunda irra gammachuu qabaatu.

Xiin-sammuu warra Dhihaa, walumaagalatti, xiin-yaaliin qaamaa keessattu, hayyoota yaad-didda amanti-maleeyyiitii fi

barmaatilee adda addaatiin waggoota hedduuf kararraa jallifamanii xumurarratti kabaja fixatanii, haala hin taaneen bu'aa dhabanii, yeroo garii ammoo miidhaas geessaa turan. Garuu, akkuma warraaqsi beekumsa ammayyaa dagaagaa dhufuun, hayyoonni xiin-yaalii qaamaa dhiibbaa guddaa beekkumsi ykn kaka'umsi keessoo fi sammuu wal'aanamtoota isaanii irratti fidu hubachaa dhufuu eegalan, kuni boodarratti akka amantaa fi amanti hafuura isaaniis kabajaniif godhe. Kanaafuu, eega waggoota hedduuf gammoojjii warra xiin-yaalii qaamaa lubbuu hin qabne faana dhama'aa turaniin booda, xiin-yaaliin qaamaa dhumarratti gara miira ykn hubannaa waloo kan yaaliiwwan keessoo fayyummaa fidu, nama hamileen jeeqames gargaaranii fayyisu jedhutti deebi'an. Yaaliin beekkumsa keessoo kun Muslimoota fiiziksii fi wal'aantota keenya duriitiin uf eeggannoo ciman qo'atamaa fi ibsamaa ture.

Barattoonni saayinsii dargaggeeyyiin hedduun saayintistoonni tartiiba ammayyaa, guddaa gara xiqqaa ykn xinnaa gara guddaa uf eeggannoon hordofuun teknoolojii ykn argannoo haarawa uumuu qabu jedhanii yaadu. Haa ta'u malee, tarreedhan ifatti lafa kaayaman kunniin kan rakkoo ifa godhuun, adeemsa itti furamu bocachuun, yaalii gaggeessuun, ragaa sassaabuun, tooftaa sana yaalii gochuun-hunduu qajeelfamoota bal'oodha. Akka haqaatti, xiinxalli fi itti yaaduun gadi fagoo, kan fedhii keessoo, isa saayintistoonni dhaamuu yaalan daran caala.

Akka beektota Muslimaatti, muuxannoo amanti-maleessa sana hordofuu keessatti uf eeggannoo nu barbaachisa. Osoma

taateen xiin-sammuu ykn yaad-diddi tokko ragaalee qabatamaatiin irra deddeebiin raggaasifamellee, wanti uf yaadachiisuu qabnu, Isa dhugaa xiin-sammuu kana uumee fi beekumsa ol'aanaa qajeelfamoota sanaan walqabate ilaalu qabna. Yaad-diddaa ykn qabatama barnootaa tokko fudhachuu keessatti, yeroo hundaa qajeelfamootaa fi tooftaalee Rabbiin beekumsa kana nuuf kenneen hubachuun Isa galatoomfachuu qabna, namni kamuu beekumsi hayyama Isaatiin ala argatu hin jiraatu waan ta'eef jecha, akkuma Inni Qur'aana keessatti ibsu.

Barreessaan:

Maalik Badrii Pirofeesara xiin-sammuu yuuniversiitii Ahfaan biyya Suudaan yoo ta’u, yeroo ammaa biyya Turkii Yuuniversiitii Istanbuul Zaayimitti aangoo qaba. Inni Yuuniversiitii Idil-Addunyaa Islaamaa Maleeysiyaati hoogganaa damee Ibni Kalduun kan Kolleejjii Beekumsa Islaamaa, ifaa fi saayinsii namaa ture. Ogeessa yaalaa gahumsa qabu yoo ta’u, yuuniversiitii Idil-addunyaa gara garaa keessatti akka pirofeesaraatti, itti gaafatamaa Muummee barnootaa, itti gaafatamaa damee barnoota gosa tokkoo fi itti aanaa hoogganaa yuuniversiitii ta’ee hojjateera. Inni beekaa xiin-sammuu kan duraati. Dhaabbata Addunyaa Gamtoomanii kan qorannoo barnootaa, saayinsii fi aadaa keessatti, akkasumas Dhaabbata Seera Barsiisummaa Itiyoophiyaatti (1973-74) fi Dhaabbata Fayyaa Addunyaatti beekaa koree qoricha aadaa ta’uun bara (1980-84) tajaajileera. Maalik Barreessaa kitaabbota hedduutii fi barruulee qorannoo adda adda yemmuu ta’u, badhaasa bara 2003, *Zubair Prize for Academic Excellence*, badhaasa ol’aanaa Suudaan keessatti badhaafamu dabalatee, badhaasota baay’ee badhaafamee jira.

Kitaabni Kun

Kitaabni walittii fufaan (silsalaaIIIT) jedhamu kun maxxansaa dhaabbatichaa furtuu tahan walitti qabaman bifa cuunfaatiin dubbistootni akka hubannaa cimaa barruu bu'uuraa (orignaal) qabaataniif barreeffameedha.

Irraa xiqqaa keenya yoo tahe malee, Sanyii dhala namaa kun jireenya keenyaa keessatti maaltu dogoggora akka tahe fi addunyaa tana hubachuudhaaf rakkoo cimaa keessa jira. Kuni akkamitti tahe? Ilmi namaa akkamitti namummaan addaan cite/gargar bahe? Maaliif afaan faajjiiwwan xiinsammuu kanneen akka jeeqamuu, dhiphinaa ,soda fi lubbuu ofii balleessuu baay'ataa jiraa? Maaliif gostii yaala biyyoota dhihaa durii dambalii rakkoo kanaa hanqisuu/furuu dadhaban?

Kana irra gahuudhaaf dursa keessa keenya ilaaluun barbaachisa :-kunis Sababa Jireechuu keenya irra/bira ga'uu fi haala sana dhala namaa nuun ala jiraniifis qooduuf barbaachisaadha.

Guddinni Xiinsammuu warroota dhihaa akkaan ammayya'aa fi wal'aansa namoota hedduuf fayyadaa haa jiraatiyyuu malee , wanti guddaan namaaf adda hin bahin yoo jiraate "Hafuura Dhala Namaa fi Hafuurummaa "dha. Sababni isaa sammun dhala namaa akka "Maashinii"qaamoleen isaa isaaf galtee tahutti namnis wantoota alarraa isa si'essaniif deebii kennuutti hubatama.

Argannaa Bu'aa Qabessa Sammuu Dhala Namaa fi hariiroo inni hafuura waliin qabu kana, Maalik Badriin dubbistootni hojii kannaan akka maalummaa isaanii, sababaa fi hafuurummaa waan jedhu karaa shaakala hubannoo cimaa, calaqqisiisaa , xiinxalaa gaarii, hiikka sirrii fi muuxaannoo hafuurummaa akkasumas iddoo uumama keessatti namni tokko qabu akka adda baafachuuf karraa saaqan affeerce jira.

Akkasuma amantaaf akkuma handhuura tahe, yaadni kun yaada fedhiin cimaan irraa jiruufi dubbistoota dhimmaa haala hafuurummaa akka qaama amantaatti ykn salphamatti akka guddina dhuunfaa fi fayyummaa keessootti ilaalaniif ni gargaara.